# 6. YAAMICHA ABRAMU

## Uumama 12, 13, fi 15

*Ajajaa fi Kakhuu.*

Eegi ganna hedduu, eegi bara Nuhu, ammalle eegi Waaqi dira Babeliiti nama chufa afaan wolmilise, nama tokoti jira kha maqaan Abramu jed'an. Ganni isa 75. Niitin isa, Saraini, jaarti. Ammalle worri ijolle tokolle hinqabu. Guyya tokko Waaqi Abramuuti mullate waan jed'eeni, "Abramu, lafa iti d'alattefi fiit'a tanteetiifi worra abbeetile lakisi, haga lafa anini si agarsiisu deemi. Anini gosa guddo si tolcha. Anin maqa kanke inguddisa. Anin nam si eebisu ineebisa ammalle nama si abaarulle inabaara. Anin gosa lafa gubba jirtu chufa kara keetin eebisa."

*Kanaani fi Misiri*

Abramuuni niiti isaa Sarai fud'ate, Lutu ilma oboleesa isaale fud'ate, kara d'eera godaane, lafa Kanaanitiin bahe. Waaqi Abramuun jed'e lafti anini ilmaani teeti kennu kuno tana. Gaafasi beela guddoti lafa Kanaani kees jira, tanaaf Abamuuni maati isa fuud'e lafa Misiriiti godaane. Abramuuni guddo worra Misirii sodaate, hayyichaan Saraini oboleeti tiya jed'e sobe. Duuba hayyichi Sarai akka niiti isa fud'ate. Ammo Waaqi durumaati deeme isa qorqorate ammalle Saraille baase ammalle Abramuu lafa Misirii keesati durumma guddon eebise.

*Akka Abramuufi Lutuni wold'aban.*

Abramuuni lafa Misiri keesaa kae, niiti isaatiifi waan qabu ch'ufa fud'ate, Lutule woliini, lafa Kanaaniti gale. Abramuufi Lutuleni guddo dureeyi, duubalafti suni worra lachu wolti fuud'u dad'abde, waan worri hori guddo qabuufi. Duuba tissituuni Abramutiifi ta Lutu tikha irati woldidde. Jennaani Abramuuni waan Lutuuni jed'e, "Nu wold'abu himmalle, lafa ballo si dura jirtu tana agarta? Hojja atini gara bitaa godaante, anini gara mirgaa godaana; hojja atini gara mirgaa godaante anini gara bitaa godaana. Toko filad'u." Lutuuni mirgaafi bitaa millate, lafa gaareni ta bisaanifi marra dansa qabdu arge, dira bale ke jiru qubate filate. Lutuuni lafa d'akhayee Abramuu lakise keesa godaane, lafa Sodoma qubate. Ammo worri Sodoma worra ch'ubbicha hama, ka Waaqa durati daba tolchu.

*Waaq abdachu.*

Jennani Waaqi akka Abramuuni sorio isaa baasu qajeelche, duuba kha ini irriiba gudda kees jiru, oobjuni kara goola ibiidaatin isaati mullate kakhu isa gale. Waaqi akka d'aLutui Abramuu guyya tokko haga ganna d'ibba afuri lafa keesumooma keesati garboomsani iti hime. Ammo akka Waaqi guyya tokko worra baasulle inni iti hime. Eege Waaqi maqa Abramuu Abrahamuuti jijiiree, maqa niiti isaalle Saraati jijiire.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana, gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Guyya nami kakhuu guddo sii gale qaabata? Kha atin kakhuu suni hojja d'eertu eegate? Kakhuun sunini la sii guutamte? Wonti sunin maan si d'ageesifti?

**ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -**

**Oduun tunini waan Waaqa maan nu barsiifti?**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (jabeenna chufa qaba, wonti chufti harka isa kees jirti).**
  - Inni jabeenna Abramuuni ajaje fula fed'e is qajeelchun qaba, waan isa uumefi.
  - Inni Abramu qorqorate, ato inni maati isa irra fago, lafa beela jiraatellee.
  - Inni Farao balaa heddun gaargalche, ammalle Sarai qorqorate.
  - Inni kakhu ufi muummesu jalqabe. Gara lafa kakhuu isa qajeelche, horsiise, ammalle akka Faraoni isa eebisulle tolche.
  - Waaqi Abramu akka daandi eebba isa tolche. Tunini akka wonti ch'ufti harka isa kees jirtu garsiifti.
  - Inni goola ibidaatin Abramuuti mullate.
- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
  - Waaqi waan Abramuuti d'ufa ch'ufa beekhe ammalle kara isa eebisuunille mid'aasse.
  - Inni akka Abramu guddise ammalle eebisulle kakhu gale. Misiriiti isa eebisu jalqabe.
  - Inni waan durana isaa tolchu ch'ufa, kakhuu diidesse galeefi. Akka inni gosa guddo tahu. Akka maqa gudda argatu. Waan eebatiifi ta abaarsalle. Akka lafti ch'ufti kara isaatin eebifamtu.
  - Inni Abramuu urji garsiise kakhuu isaa gale, ammalle akka kakhuun sunin isa gara jabeesitu imbeekhe.
  - Inni waan durana maati isa irraati taatu imbeekhe. Ganna 400 kha garbummaa (wonti kunini eegee lafa Misiriiti taate).

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (akka inni kha dhugaa, qajeela, abba seera, kha chubbu jibbu, kha gati chubbu duisan baasu).**
    - Inni Abramu inajaje akka yo Waaqaa ajajame eebifamu. Inni Abramuufi maati isa qofa baafate, gosa qulqullo ta Waaqa kara isiitin lafati ufmullisu tolche.
    - Inni hayyu Misiirii kha marro sabdooma isaatifi Sarai niiti ufii tolfachuufi fud'ate. Waaqi Sarai inqoqorate, akka hayyichi sunini isi int'ureesine.
    - Soorion (ta akka Abramuuni baase) akka Waaqi qulqullicha kha ammo nami ch'ubbicha garsiifti. Nami kara Waaqa ch'allaan dandae gara Waaqa d'ufa.
    - Inni akka qulqullicha tahe/ akka kha d'ugaa tahe ibidda fakkaate soorio kees bahe mullate.
    - Soorio fi d'iiga jissuuni akka bakka buaani qulqullichi namaa feesisu garsiifti.
    - Waaqi Abramuufi Lutu gargarii baase. Qulqulloomi kunin hammennaafi dansooma gargari baasu.

- **Oduun tunini tola eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**.
    - Abramuuni nama ch'ubbicha, kha hojja heddu d'ugeefacha hujii irra oolchu dad'abe. Inni waan sodaatefi, lafa Misirii keessati eenummaa niiti isa irrati insobe, fula sila Waaqati abdatu. Ammalle bad'aasa kennaniifille sobaan fud'ate. Taatullee, Waaqii isa qorqorate.
    - Waaqi hameenna keessa waan dansa baase, Abramu eebban bad'aase horsiise, gosa guddo isa tolchu jalqabe.
    - Waaqi ato Abramuuni ch'ubbicha tahelee, nama kakhu isa baatu isa tolche.
    - Waaqi Abramu lafa keesumooma keesati qorqorate lafa dansa isaa kenne.
    - Waaqi kakhuu fi eebbaafi durumma heddu Abramuu kenne.
    - Waaqi tola eebba isa d'aloota heddu garsiise. Abramu eebise akka inni eebba namaa tau tolche. Waaqi nama baase ammalle namaan nama d'ibii gara baafama fidaa.
    - Inni Abramuuti mullate ammalle isaan wolhaasae.
    - Inni fula Abramuuni shakkeelle inobseefi. Isa barsiise ammalle gara jabeesse, "Insodaatini" jed'e isa gara jabeesse.

- Waaqi Abramuu d'uga herregeefi marro d'ugeefacha isaatif, ato Abramuuni ch'ubbicha tahellee.
- Inni kakhuu Abramuu galefi wold'aqiisa Abramuufi d'aloota isa wollin seenellee inhaaresse.

- **Oduun maanin akka Waaqi kha d'ugeefatame tahe, garsiifti? (inni waan jed'e hinjijiiru, kakhu ufiitifi waan jed'e inguuta).**
  - Waaqi kakhuu Abramuu gale muummeessu jalqabe.
  - Inni akka Abramuuni gosa heduu eebba tau kakhu galeefi.
  - Waaqi Abramu gosa guddo tolchu jalqabe ammalle horsiise, akkuma isaa kakhate.
  - Waaqi Abramu inqorqorate (ammalle worra isa abaarelle inabaare - ka akka hayyicha lafa Misirii).
  - Waaqi akka dansa isa qajeelche.
  - Waaqi akka ch'ubbuun Abramuu ta lafa Misirii, yaada isa kha gosa ch'ufa kara isaatin eebisu, yakkitu ineeyyamne.
  - Oduu tan keessati Waaqi kakhu d'ufaansa Baasaa sanyii uwitii keessa bau, kha Seetan dabsatu kha Uumama 3:15 keessati gale durumaati deeme muummesse. Ato Kainiini Habili ijeeselle, gaafa fach'aa bisaani hameenni guddatellee, ato nami ufguddise matooma barbaade Babeli ijaarellee, Waaqi durumaati deeme kakhuu ufii guute.
  - Waaqi kakhu isa inhaaresse. Inni inkakhate akka wontefi d'aala Abramuu tau.
  - Inni inkakhate akka d'aloota Abramuu kha ganna 400 garboomsan, deebise lafa Abramuu kenne qubsiisu.
  - Inni kakhu isa ta d'ufaansa Baasaa, kha sanyii uwiitiitifi Abramu keessa bau, durumaati deeme muummeese.

- **Akka nami Waaqati d'ufu irra, Wanti oduun tunini nu barsiiftu maan?**
- **Oduu tan keessa waan d'ugeefachaa maan baranna?**

  - Ebrania 11:1 *"D'ugeefachaan waan abdiin eegannufi waan ilaan hingarre akka isiin mirkanoofte ufkeessati beekhu."*

- **Oduu tan keessati, d'ugeefacha Abramuun garsiise tana irra maan argina? Hujii inni hojjate tamiiti d'ugeefacha isa garsiisa?**

  - Waan madda eenumma isa tahe kha inni iti abdate lakkisi deemi jed'aniin-Maatifi lafa isalle.

- o Inni guutuma guututi Waaqati hirkate ato waan durana d’ufa ch’ufa himbeennellee. Wonti isaa kakhatani, akka inni laakuma ajajamuuni eebifamu ch’allaa.
- o Abramuuni kha woma Waaqa hingaafatin, hojjuma suni deeme, ato gara deemuti jiru yokhaan akka jaaruma ilme argatu himbeenneellee. Ilme argachuuni, kakhuu Waaqi isa gale keessa kakhu guddo jabduuti.

- **Abramuuni wold’aba isaafi Lutu jidduti d’alate kara kamiin hobaase? Tunini waan d’ugeefacha isa maan garsiifti?**
  - o Inni waan dansa lakkise (lafa balee ta khaloon micchee mid’aade), inni ufi hilaalle nama d'ibi laale, ammalle akka Waaqi isa eebisu abdi Waaqa irra keeyate. Inni ato gannaafu mirga qabaatellee, irreen firrise lafa dansa hinfilaanne.
- **Kara kamiin akka d’ugeefachaan abdii barnoota ch’aaltu argina? Akka d’ugeefachaan wold’aqiisa nami Waaqa waliin qabaatu kha nami gadfageesse Waaqati abdatu irra baatu?**
  - o Abramuuni guddise Waaqati abdate, buqifata fud’ate waan gugurdo hojjate.

**Ebrania 11:8-12-** *D'ugefachaani Abrahamuuni, gaafa Waaqi isa yaame ch'aqase, lafa Waaqi isaa kakhate d'aqe. Inni kae lafa ufi keesaa deeme, ka gara deemu imbeenne. 9 D'ugefachaani inni lafa Waaqi isaa kakhate keesa tae, aka keessuma. Waaro keesa, akuma Isaaqofi Yakobo tae, ka kakhu suni Waaqa iraa argate. 10Wonti akanatiifi inni dira yayaba jaba qabu, ka Waaqi herege ijaare, eegachu jira. 11D'ugefachati Abrahamu ijoolle kenne, ato inni guddo jaare, niitiini isaa maseena taatele. Inni aka Waaqi kakhu ufi inch'absine ind'ugefate. 12 Ato namichi kunini jaare rerepele, ijoolle aka urji jirtuufi ta aka maansa afaani galaana d'ale.*

- **Yo akkasi, d’ugeefachaafi ajajamiisi maanin woltid’iyaata? Oduu tan keessa maan baranna?**
  - o D’ugeefachaan ajajamiisa dura d’ufti. Abrahamuuni Waaqati abdate buqifata jajaba fud’ate. D’ugeefachaan ajajamiisa d’alti. D’ugeefachaan teenna ajajamiisa keesati mullati (Gal 5:6).
- **D’ugeefachaan waan sabloo tokko?**
  - o Hiyyo, waan hedduuti jira kha d’ugeefacha gufu iti tahu. Isiin waan sabloo tokkooniti.
- **Maantu d’ugeefacha Abramuu gufu iti tahe?**
  - o Jaaruma isaatifi ta niiti isa, akka ilme hinqamnee, akka lafa imbeenne deeme.
- **Waaqi akka eebba isa nuu kennu d’ugeefachaa qitte nurra fed’a? Nu waan kana akkam argina?**

- Hiyyo, Abramuu hojja jeddu shakkaan guutame. Fakkeenna, inni hayyu lafa Misirii waan sodaatefi, insobe.
- Ammalle, eegi marro d’ugeefacha isaatifi d’uga herreganiifillee, inni “Anin akkamiin beekhu dandaa?” jed’e Waaq gaafate. Ammo Waaqi naasu isaatin isaa owwaate akheekha kakhuu Abrahamuu mirkaneessu kenneefi.

- **Maati Abrahamuu keessa, fakeenna, nami d’ugeefachaan Waaqati ind’ufin jira? Lutuun maanin d’ugeefacha hingarsiisin?**
  - Inni akka fed’i fooni gula filanno tolfate.

- **Lutuun wold’amnaan, Abramuuni kakhu Waaqati d’ugeefate filanno tolfate, ammo Lutuuni akka d’arra ila isa gula dotteenna lafa laale filanno tolfate. Filannoni Lutuu d’ugeefacha d’abiisa irraati ijaaramte. Nami, kha Kristiyaanilleen kees jiru, kara kamiin akka Lutuu kana ilaalacha seene fula Waaqa gula deemu waan lafa filata?**
  - Fakkeennni heddu.

- **Maafi soorion Abramuuni Waaqaa baase, kara jaba inni d’ugeefacha isa garsiisun taate? Soorio d’iiga irra maan baranna?**
  - Soorion d’iiga akka Abramuuni ch’ubbicha kha Baasan maleefi isa qaabsifte nulleeti himti. Baasa akka ilme oolaa kha d’iigi isa marro ch’ubamaatifi jige, akka inni Waaqa qulqullichaan wolargu.
  - Soorioon ammalle Yesofi soorio fanno gubaa nugarsiifti.

- **Kha wod’akka oduu tana keesati mullatu eennu? Wold’aqiisa kana keessa? WAAQA?**
  - **Nu akkamiini hujii Waaqa Abramu iraati argina?**
  - Inni marro heddu Abramuuti mullate; isa yaame; irdedeebie kakhu galeefi; Akka Abramuuni nama d’ugaa labse; akka kara isaatini gosa ch’ufa eebisu kakhate, isa qajeelch, qorqorate, ammalle gara jabeese.

- **D’ugeefacha keesati hujiin Waaqa maani?**
  - Dhugeefachaani aadaafi kakhuu Waaqa gubaati hundoofti. Waaqi KHA D’UGEEFATAME, isa ch’allaa kha nu guutuma guututi dhugeefachu malle. Jalqabi waan chufa isa. Isaati filate Abramu ajaje. Isaati isa eebise isa qajeelche. Inni kha dhugeefatame kakhu isaati.

- **Abramuuni kara kamiini hujii Waaqatti owwaate?**
  - Inni eebafi kakhuu d’ugeefachaani fud’ate, akkuma lafti rooba fud’attu.
  - Inni d’ugeefachaani ajaja Waaqatii ajajame.

- **Waaqi kara kamiini dhugeefacha Abramuuti owwaate- keesumati eegi urji isa garsiise ammalle kakhu isa haaresse?**

  Inni DHUGA ISAA HEREGE

  Rumi 4:3,22; Galatia 3:6; Yakobo 2:23

- **Akkan jechuuni maan jechuu- akki Waaqi dhugaa isaa herrege? ODUUN tunini waan kana irra maan nu garsiifti?**
  - Inni isa akka nama isaa fud'ate. Ch'ubbuu isaa haraarame wold'aqiisati isa d'iyeesse.
  - Ato Abramuuni hujii isaatini akka nama dhugaa ufi himmulisinu. Waaqi isa akka nama dhugaati isa herrege marro dhugeefacha isaatifi.

- **Rakkoon maani? Wonti akka Abramu dhuga innerrenneefi gufu iti tahe maani?**
  - CH'UBBUU fi QULQULOOMA Waaqa.

- **Abramuuni maan taanani Waaqi isa akka nama d'ugaa herrege?**
  - INNI INDUGEEFATE- kakhuu Waaqatiifi amala Waaqa dugeefate duuba dhugeefacha suni hujiin garsiise.

- **Akka Abramuu dhuga herregani Waaqi maan isaa kenne?**
  - Waaqi kara soorio mid'aase. Akka ch'ubbuu Abrahamuu d'ossu, soorio baase.

- **Soorio jechuun maan jechuu?**
  - Soorio baasu, bakka bu'u. Sorio malee, akki dhibiini nu dandeenne fuula Waaqa duraati aalanno jala baanu hinjiru. Fulaa cubbicha wo sorio baasani.

- **Soorion sunini akkam jirti?**
  Dooti dhiiga tahu malte, dooti qit'ooma qabdu ta haabo tokolle hinqamne.

- **Wonti kunini waan d'uga namaa herregani irra maan nam barsiifti?**
  - Duga namaa heregu jechuuni fuula Waaqa duraati d'uga argachu, kha wonti kunini hujji irre teetitiin hintainin ammo tola-eeba Waaqatin taatu. Inni sorio d'ugaa nuu tahe akanaani d'uga nuu herrega. Nulleni d'ugeefachaan fud'anna.

- **Kara kamiini wonti kunini Kristo akheeti? Inni akamiini akkamiini akka hori soorioo qalma geesani tahe?**
  - Kristooni, sorio qit'ee ta muummee ta haga jiru jireenna ch'ubbu nama irra dittu. Nu yo isaafi, duisa isa ta fanno d'ugeefanne, ch'ubbu tenna nuu araaramani ammalle Waaqa duraati d'uga nuu herregani.

- **Qajeeltu kitaaba ta waan D'UGA NAMAA HERREGANI:**
  - ***2 Korintho 5:21*** – Kristooni kha ch'ubbu hinqamne, ch'ubbuu teenna fud'ate d'uga isa nuu kenne.
  - ***Rumi 4:1-3*** – Abramuu marro d'ugeefacha isaatifi d'uga herreganiifi, male marro hujji isaatifiniti.
  - ***Ebrania 11: 1-12*** – D'ugeefachaani...ajajamiisa
  - ***Rumi 5:8*** – "Ato nu ch'ubaaleyi taanu" Kristooni nuu du'e ammalle d'uga nuu herrege.
  - ***Yohana 4:10*** – Waaqi nu jaalate, Ilma isa akka sorio nuu kenne.
  - ***Rumi 1:16,17*** – Baafami kha worra d'ugeefate chufaati – ta kara d'ugeehachaatini d'uga namaa herregan.
  - ***Rumi 3:21-25*** – Waan seeri jed'e guute- soorion d'iiga horii buusani dandeette ch'ubbu namaa inaraaramtu- ammo kara d'ugeefachaatifi tola eeba Waaqatini d'uga nuu herregani.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u> **:**

- **Akki nu dandeenne irre teennani fud'atamiisa Waaqa duraati inarganne, ammo jalqaba haga d'uma kara Kristootini d'uga nuu herregani; akkan beekhuni, jireenna keenna kha guyya ch'ufa keesati akkami dandae nu qarqaara?** Afaan d'ibiini, karaan nu dandeenne akka Kristooni nu filate, nu yaame, d'ugeefacha nuu kenne, d'uga nuu herrege, ilmaan isa nu tolfate, nu qajeelche, ammalle nu kees bahe hojjatuuni kami fa? **Wonti kunini kara kamiini akka worri baafame jireena guyya ch'ufa keesati jijiirame ammalle qajeelfamu tolchiti?**
  - Balchoomafi gammada nuu kenniti waan ilmaan Waaqa tauun keenna mirkanaaef.
  - Ch'ubbu tiyya hind'ofad'u waan araarama argad'eefi. Diidumati araara gala. Waan naa araraamaniifi anilleeni nama d'ibii inaraarama.

  - Balchooma Waaqaa ajajame ammalle marro jaalal isaatifi isa galateefad'u qaba. Nagayan jiraad'a, ammalle jireenna kiyaafi kha nama d'ibii wolbira hinqabu. Ufguddisiiti uffirra had'e dabsad'a.

- D'ugeefachaan Abrahamuu Waaqa duraati fud'atamiisa isaa kennite ammalle akka d'uga isa herregan tolchiti. Ammo inni d'ugeefacha isa kara ajajamiisatiini hujiin garsiis. Karaan atin dandeete **kara ajajamiisatiini guma d'ugeefacha teeti garsiiftu kami fa?** Kara baafamaafi qorqorti Waaqati d'ugeefatuni garsiifta?

- Waan ilaan arganiiti Luttu qajeelche. Inni akka Waaqi, akka ilma isaa, isaa wo kennu hind'ugeefanne. Tanaafi inni gaafa lafa Sodoma filate, qajeelumsa Waaqa

himbarbaanne. **Karaan d’ugeefacha d’abiitiin tante ch’ubbuuti si geesituun kami fa?**

- Yo nu marro soda namaatifi wolaala kees ufkeenne fa.
- Yo nu marro waan Waaqi wo nuu kennu hinseenefi, hannafi d’ara dubbachu kees ufkeenne fa.
- Yo nu akka nama duraati fud’atamisa argannu jenne, d’araa dubbanne nama hamanne fa.
- Yo nu waan akka Waaqi gaargala keesaleeti nu qorqoratu hind’ugeefanneefi, dallanne gara hammaanne ammalle nama abaarre fa.

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti ):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Fakeenna jireenna kee irra fud’ad’u nuti himi; **Guyaan atini akka Luttuu, waan hamtu taate yokhaan marro Waaqa akka Waaqi d’ugumaan d’uga sii herrege, ammalle si qorqorate, hind’ugeefatiniifi filanno himalini tolfate jira?** Atin waan d’ugeefacha d’abdeefi kara kamiini araara galu dandeeta?

- Me nuti himi, guyyaan Waaqi akka atini d’ugeefachaan ejjate waan jabdu hojjatu si yaame kha atin ammo akka wonti suni taatu atin himbeenne, jira? **Inni ammayu wooiiti siyaamuti jira? Wonti akka atini duraati demte inajajamne, d’ugeefacha tante dangesa tokolleen jirti?** Oduun Abramuu tunini kara kamiini gara si jabeesiti?

- Waaqi akka kha d’ugeefatame kha kakhuu d’ufaansa Baasaa ta Abrahamuu kakhate guute. Atini Baasa kana jireena kankeetin la d’ugeefate? Wonti kunini akkam jirti?